Ergan COVID-19n dhukkubsadhe booda yooman gara hojiitti deebii'uu danda'a? Barreefama

Mallattoowwan dhukkubbii COVID-19n dhukkubsattee jirta garuu COVID-19'F hinqoratamne. YKN Manni yaalaa qorannoo laaboraatorii ykn mallattoowwan dhukkuubbi irratti hundaa'uun COVID-19n qabamu sitti himee.

Yoo mallattoowwan COVID-19 kan akka -leydaa, qufaa, hafuurri sitti xiqqaachuu, qabbana, dhukkubbii mataa, dhukkubbii humna qaamaa, qoonqoon sidhukkubuu, ykn dhandhamuu ykn urgeeffachuu dhabuutiin dhukkubsattee, garuu COVID-19'f yoo hinqoratamne ykn dhukkubsattee haakimni kee ykn kiliniikiin naannoo kee qorannoo laaboraatorii ykn mallattoowwan irratti hundaa'uun COVID-19 qabamu kee sitti himan.

Mana keessa tuuruun namoota mana keessa jiran kan biraa irraa adda if baasi. Wantoota akka mi'a ykn meeshaa manaa, ykn bilbila kamiiyyuu waliin hinqooddatin.

Hanga wantoonni armaan gadii hundi argamanitti manuma turi:

1. Mallattoowwan kee, kan akka qufaa ykn hafuurri sitti xiqqaachuun, hamma fooyya'utti.
2. Erga mallattoowwan kee eegalanii yoo xiqqaate hanga guyyoota 10 ta'utti.
3. Qoricha leydaa qaamaa hirrisuu osoo hinfayyadamiin sa'aatii 24'f leydaan kan hinjirree yoo ta'e.

Yeroo dheeraadhaaf manaturi.

Fakeenyaaf, mallattoowwan kee guyyaa salaasaa ykn Kibxataa yoo eegale. Leydaan qaama keetii osoo qoricha leydaa hirrisu hinfudhatin, guyyaa Dilbata ykn Alhada itti aanu gadi bu'a. Sa'aatii 24 booda leydaan qaamaa yoo sitti hin jirre, guyyaa salaasaa ykn Kibxataa hojiitti deebii'uu ni dandeessa. Waliigalatti, guyyoota 13 guutuu mana keessa turte jechuudha.

Fakkeenya dabalata kan biraa. Mallattoowwan dhukkuba keetii guyyaa Alhadaa ykn Dilbata yoo eegale. Leeydaan qaama keetii osoo qoricha ho'a qaamaa hirrisu hinfudhatiin guyyaa Kamisa gadi bu'a. Sa'aatii 24 booda leydaan qaamaa yoo hinjiraanne, guyyoota shaniif mana keessa turte jechuudha. Lakkoofsi guyyootaa khan irraa xiqqaa mana keessa turu si barbaachisu guyyoota 10 guutuu waan ta'eef, guyyaa Khamisa itti aanu hojiitti deebii'uu ni dandeessa.

Hoggaa hojiitti deebiitu, yoo danda'ame hojjattoota waliin hojjattuu fi keessummoota irraa miila/faana 6 fagaadhu maaskiillee uffadhu.Wayita hojiitti deebiitu, waa'ee maaskii irratti qajeelfamoota naannoo fi bakka hojii kee mirkanneessi. Yoo mana yaalaa keessa kan hojjattu ta'e ykn ammallee hojjachuuf fayyummaan kan sitti hindhagahamne ta'e, itti gaafatamaa hojii ketiitti dubbadhu.

Waa'ee COVID-19 irratti odeeffannoo haaraa argachuuf health.mn.gov daawwadhu.

Minnesota Department of Health
Communications Office
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
651-201-4989
health.communications@state.mn.us
www.health.state.mn.us

08/10/20 When can I return to work after being sick with COVID-19? (Oromo)

To obtain this information in a different format, call: 651-201-4989